Gargaarasa Kireefatootaa Dandamata COVID-19 (Rent Relief Grants)

Marsaa Lammaffaa

Gaaffii fi deebii

Oromo
Afaan Oromoo

SEER-QABEESA (OFFICIAL)

Rent Relief Grant jechuun maali?

Mootummaan Victoria namoota mana kiraa keessa jiraataniif maallaqa gargaarsa kiraa qopheessee jira. Mootummaan Victoria sagantaa jalqabaa bara 2021 keessa xumuramu gaggeessaa jira.

Maallaqani kun Viktoriyaanota sababa dhibee dhukkuba (COVID-19) jecha galii maallaqa isaanii dhaban gargaaruuf ni keenama.

Viktoriyaanotni kiraa of irraa baasuu dadhaban gargaarsa $1,500 hanga tarii argatuu malu.

Rent Relief Grant? eenyutu argatta?

Gargaarsa kana argatuuf ulaagaan guutuu barbaachisu:

- Gatiin kiraa akka siif hir'isu kan ati nama kiraa irraa fudhatte waliin waliif galte (rent reduction) fi Ibsa Dhugoomsa Labsaa (Statutory Declaration) dhiheessuu kan dandeessu yoo tahe
- Galiin maallaqaa torbanitti $1,208.85 gadi (nama qofaa jiraatuuf) yookaan $1,813.46 gadi (kan lama tahanii jiraataniif) yoo tahe
- Galii maallaqaa kee keessaa persentii 30% ol nama mana siif kireesseef kaffalta yoo tahe
- Maallaqni ati qusattee of harkaa qabdu $2,000 gadi yoo tahe.

Iyyannaa naqatuuf lammii (citizenship) yookaan jiraataa dhaabbataa (permanent residency) kan biyyaa tahu si hin barbaachisu.

Gargaarsaaf akkamiin iyyata naqadha?

Gargaarsa Rent Relief Grant toora intarneetaa irraan kara kana iyyatuu dandeessa <https://rentrelief.covid19.dhhs.vic.gov.au/>.

Gargaarsi maallaqaa kun maalfaaf dhimmi itti bahama?

Yoo gargaarsi maallaqaa kun siif mirkaneessame liqaa kiraa si irra jiru yookaan kan gara fuulduraaf sitti dhufuuf maluuf maallaqichi sududaan nama mana siif kireesseef kaffalama.

Odeeffannoo dabalata eessaan argadhu?

Odeeffannoo kan irraa boodaa (haaraya) COVID-19 Rent Relief Grants, as ilaali, <https://www.housing.vic.gov.au/help-renting/rentrelief>

Odeeffannoo olitti ibsameef gargaarsa afaan hiikaa yoo barbaadde Tajaajila Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service) (TIS Biyyaalessaa) 131 450 irratti bilbili.

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.

© Taligaa Victoria, Australia, Damee Maatilee, Qajeelinaa fi Manoomaa (Department of Families, Fairness and Housing), Onkololessa (October) 2021.